**ADDA BILISUMMAA OROMOO (ABO-WBO)**

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير أورومو

**Date**: *April 12, 2025* **Nr.:** *IEABO WBO/04-01-2025*

**Guyyaa**: *Ebla 12, 2025* تاريخ **Lakk.:** *IEABO-WBO/04-01-2025* رقم

# Mil'uu Pirojektoota Abiy Ahmad Yeroo Ammaa Oromiyaarratti Qabu Keessaa

***(Ibsa ABO-WBO)***

Gochi yakkaa fi kijibaa, bara bittaa Abiy Ahimad keessatti waanuma akka tasaa uumamu osoo hin taane, ibsituu sirnichaa fi meeshaa cunqursaa ta’uun ifatti erga mul’atee bubbuleera. Sirnichi yeroo yeroon aangoo dadhabaa lafa qabachuu dide eeguuf waraana, dirqisiisuu fi jeequmsaatti gargaaramaa tureera. Ammas sirni OPDO-PP olaantummaa isaa eeguuf jecha shira haaraa fi gocha suukanneessaa Oromiyaa keessatti raawwachuuf sochii taasisaa jira, kunis akka biyyaattii fi naannolee ollaa isheetti dhiibbaa guddaa qabaachuu danda’a.

## 1. Haleellaa Saba irratti hundaa’e Hammeessuu

Sirnichi diraamaa Mudde 2024 of eeggannoodhaan hojjete kan “Shaneen harka kennate" jedhee dhiyeesse hordofuun, yakki sirnichaan namoota nagaa irratti xiyyeeffate ji’oota muraasaaf hir’atee ture. Haa ta'u malee, jalqaba baatii Bitootessa bara 2025 irraa eegalee gochi nama nagaa butuu Shawaa Kaabaa, Salaalee (naannawaa Garba Gurraachaa, Sulutaa fi Qarre Gowaatti) deebi'ee ka’uuni fi Horroo Guduruu Wallaggaatti ajjeechaan gara jabinaa raawwatamuun mul’ateera.

Yakkoonni nama nagaa butuu kun miseensota gareewwan yakkaa akka falmattota bilisummaa fakkeeffamanii dhihaataniin kan raawwatamaa jiran tahuu ragaaleen tokko tokko ni mirkaneessu. Ammatti, hariiroo sirnichi yakkaa kana waliin qabuu fi hirmaannaa isaa ilaalchisee ragaan shakkiidhaa olitti mirkaneessu qorannoo garee biliisaa dabalataa kan barbaadu ta´us, sirnichi itti gaafatamummaa jala hin bahu. Kun immoo, sirni Abiy lammilee eeguuf dirqama seeraa kan sadarkaa duratti irraa eegamu ni ba’ata jennee irraa eeguu keenya (abjuu akkanaa erga dhiisnee turreerra) osoo hin taane, gochoonni badii kanaa bakka humnoonni nageenyaa mootummaa heddumminaan argamanitti yeroo hundaa raawwatamuu isaati. Haleellawwan kunis bakkoota walfakkaataa keessatti bifa walfakkaataa hordofuun raawwatamuun isaanii, gochoonni kun mootummaadhaan kan hinraawwatamne osoo tahee ittifamuu waan danda´aniifi.

Ragaan waggoota torban darban keessa kuufamaa dhufes ni jira. Gochoonni yakkaa kun mala ogummaa fi qindoominaan horii argachuuf raawwatamaa kan jiran yoo tahu, kaffaltiin immoo karaa baankiitiin biyyattii guutuu keessatti raawwatamaa jira. Waggaa lama dura, imbaasiin biyya alaa Finfinnee jiru tokko, gabaasa nama butuu WBO’n ittiin himatame ilaalchisee dhimma jiru hubachuuf gaaffii nuuf dhiyeessanii turani. Gorsi nuti kenninee turre “maallaqicha

faana dhahaa” kan jedhu ture. Qorannaa bifa kanaan godhamee ture akka mul’sutti gara lakkoofsa baankii to’annaa tika raayyaa ittisa biyyaa jala jiru tokkotti nugeesse. Yakkoonni kun mootummaan kan deggeraman tahuu isaaniif ragaan kun haqa qabeessa fi mormii hin qabnedha.

Bifuma walfakkaatuun sirnichi Horroo Guduruu keessatti karaa garee yakkamaa "Fanno Wallaggaa" jedhee of waamu yakka raawwachaa jira. Jalqaba garee yakkamaa kana leenjisee, hidhachiisuun WBO akka lolaniif kan bobbaasee Abiy Ahmad yoo tahu, gareen kun godina kana kanatti ajjeechaa jumlaa akka raawwatu dandeessiseera. Miseensonni garee ajjeechaa qindaa’aa raawwatu kanaa, ergamni isaanii osoo hin jijjiiramin, lammiilee nagaa Oromoo irratti ajjeechaa jumlaa itti yaadamee raawwatamuu fi qe’eefi lafa akaakilee isaanii irraa buqqisu ta’ee itti fufeera. Yakkamtoonni ummata keenya duguugaa jiran kun ajandaa bal'aa sirnichaa keessatti, galma milkeessuuf qabatan kan mataa isaanii qabchuun akkuma jirutti ta´ee, duulli akkanaa itti yaadamee godhamu kun sirnichaaf tajaajila tarsiimoo lama kenna. Isaanis:-

(1) Seenessa walitti bu’iinsa sabummaa kan saba Oromoo saba Amaaraa irratti kakaasu bocuu fi
(2) Muddama Nageenyaa Oromiyaa keessatti ofumaa uumanitti dhimma bahuun, qabata Amaarri sitti dhufe jedhuun Oromoo dirqamsiisanii deeggarsa siyaasaa irraa argachuu dha. Sirnichi haala ifa ta’een, tarsimoo diigumsaa hordofa.

Gochi Salaaletti (Kaaba Shawaatti), lammiileen Amaaraa nagaan butuu fi ajjeechaa raawwatame sun-yakka itti yaadame humnoota Oromoo ittiin yakkuuf qophaa'e dha. Haaluma walfakkaatuun Horroo Guduruu Wallaggaatti sirnichi "Fannoon Wallaggaa" akka Oromoo fixuuf hayyamee otoo jiruu quba isaa Amaaraatti qaba. Kun tiyaatira roga lamaa qindoomina olaanaan walitti bu’iinsa sabummaa saboota gidduutti dhalchuuf taasifamu.

## 2. Wallagga Akka Wolqaayit Taasisuu

Abiy Ahimad jalqabumaa Oromoo fi Oromiyaa diigee balleessuuf boqonnaa fudhatee hin beeku. Lafa irrattii yaaliin hedduun kan ture yoo tahu, Wallagga lafa wal falmii (disputed terrirtory) taasisuuf sochiitti jira. Tooftaa hamaa jibbiinsa of keessaa qabuun sabootaa lamaan gidduutti waldiddaa jabaa uumuuf boba’aa balaa ta’uu danda’u itti afarsaa jira—kunis ragaa quubsaa fi mamii hinqabneen kan mirkaanaa’e yoo tahu, sirni kun sodaa fi waldiddaa haaraa uumuuf takkaa laafee hin beeknu. Abiy akkuma koree eenyummaa Amaaraa Wolqaayit, kan waldhabdee Tigraay fi Amaaraaf ka’umsa tahe saniitti, qaama "Wallaggatti koree Mirga Amaaraa leellisu" jedhamee of ibsuuf beekkamtii kenneera.

Walgarreeffannaan kanaan dura hawaasa lamaan kana gidduu ture akkuma jiruttuu yaaddessaa tahus, kun fedhii sirnichi jeequmsaaf qabu guutuufii waan danda’e hin fakkaatu. Ammayyuu sirnichi haala safuun ala ta’een, ajandaa diigumsaa caalaatti hammaataa ta’e qabatee, hariiroowwan hawaasummaa duraanuu dadhaboo ta’an addaan cicciruuf hojjechaa jira. Garee "Fannoo Wallaggaa" ofiin jedhu akka bakka bu'aa waraanaa hawaasa gama tokkootti ilaalanii kunuunsuuni fi gochi hammeenyaa qindoomina olaanaan Horroo Guduruutti dhiheenya raawwatame sun kopha-kophaatti baafamee waan ilaalamu otoo hin taane akeekuma sirnichaan walqabata. Gochoonni kun lamaan qaama karoora bal’aa fi yaada hamaa of keessa qaban

ta'anii jeequmsa too'annaa sirnichaa jala jiru kan sirnichi itti ummata lamaan too'atuun dhimmoota walqabatanidha.

Gochi akkanaa itti yaadame bifuma Wolqaayit fakkaatuun Oromoo Wallagga irraa buqqisuuf; akkasumas saboota lamaan jidduutti Oromiyaa keessatti walgaarreffannaa dhalchuuf taasifamu kun Oromoo fi Amaaraa biratti haala walfakkaataan itti dammaqamuu qaba. Hammeenyi itti yaadamee amma hojjetamu kun rakkoo ammatti uumurra darbee waan fulduratti balaa irra caaluuf saaxiluu fi waldhabdee dhaabbataa mootummaadhaan hanqaaqame tahee rakkoo siyaasaa dabalataa uumuu danda'a. Rakkoon sirnichaan oomishamaa jiru kun, bakka duubatti deebisuun hin danda'amnerra osoo hin geenya, qooda fudhattoonni naannoo Gaanfa Afrikaa fi hawaasni idl-addunyaa  xiyyeeffannoo itti kennuu qabu.

**3. Duula Odeeffannoo Sobaa Biraa**

Sadarkaa kaadiree gadiitti sirnichi kitilayyootasaa biyya keessaa fi diyaaspooraatti dhimma bahuun waan Oromoon sirnicha deeggaru fakkeessuuf dammaqinaan hojjechuurratti argama. Sirnichi garee garaa garaa walitti qabee burjaajii uumuuf hojjechaa jira. Isaanis: murna deeggartoota diyaaspooraa miseensota WBO duraanii hanqina naamusaatiin ari'amuun yeroo amma dantaa sirnichaa tajaajilaa jiran, aktivistoota Qeerroo duraanii faayidaadhaan qabamanii orbiitii sirnichaa keessa galan, akkasumas ayyaanlaallattoota partii morkattoota siyaasaa Finfinnee jiran keessaan waan bubuutuu barbaaddatan kan of keessatti hammate. Maqaa 'Waltajjii Qeerroo' (Qeerroo Forum) jedhuun koonfaransii jalqabuuf karoora akka qaban bira gahame jira. Hojiin isaanii inni jalqabaa mallattoo fi hambaa sochii Qeerroo ofitti maxxansuudhaan Qeerroo Sobaa ijaaranii Oromiyaa keessatti Abiy Ahmadiif deeggarsa ummataa fakkeessaa uumuudha. Dabalataanis, kaayyoon isaanii hawaasuma Oromoo gidduuttis  qoqqoodinsa gadi fageessu dha.

**4. Paartii "Moormituu" Kijibaa Bixxiluu**

Karoorri dhoksaatti, gareelee Bilxiginnaa akka mormituu siyaasaattii ijaaruuf carraaqamus bira gahameera. Amanamtootaa akka gorsituutti, akka xinxaltootaatti akkasumas warra duddubaan sirnichaaf imaammata bocan irraa walitti babahe; kan maqaa mormitootatiin siyaasa ittiin daldalan ijaaruuf qophiin ni jira.  Piroojektiin siyaasa kun galmoota tarsiimoo sirnichi kaa'ate bifa galmaan gahuu danda'uun waan lama milkeessuuf akka tahe himama:

(1) Waltajjii "marii biyyoolessaa" fudhatamummaa dhabe, Oromiyaa irraa mormitoonni hirmataniiru jechuudhaan fudhataamummaa marii biyyoolessaa jedhamuuf argamsiisu  fi
(2) Gara fuula duraatti tarii filmaanni yoo jiraatef, akka mormituutti sochosuudhaan dorgommii siyaasaa fakkeessaa gochuu.

**Ajaja Ol'aanaa ABO-WBO**
**Ebla 19, 2025**